

Ciniinnaa Buusaa Ittisi



- Dibata ilbiisa dhorku qaamatti dibadhu. Dhorkaa kanas dibata aduu ykn dibata bareedinaa irraan dibadhu.
- Dibatii ilbiisaa US keessaa bitachu dandeessu gaariin mallattoo isaarratti DEET ykn picaridin akka hojjtame qaba.
- Yoo danda'ame kutaa foddaawwan ykn qabanneessituun qilleensaa iskiriinii gabuu keessa bulaa.
- Saaphanaa siree (buusaa) keessa bulaa. Saaphanaan siree qoricha permethrin cuuphame, bookeewwan waan ajjeesuuf gaariidha.
- Booteen buusaa yeroo kamuu ciniinu dandeessi, garuu keessattu alkaniifi obbooroo ganamaa caalaa dadamaqu.
- Yeroo kanatti nama keessa turuun ciniinnaa bookee busaa ittisaa.
- Yoo ala taatan, Tisharii harka guutuu, suurree dheeraa fi kuuffiyyaa kaawwadhaa

Biyya alaa Deemuuf Karoooran Qaba



Maatii kiyyaa

Ittisuuf maal gochuun qaba?

Doktara Kee Ykn Kiliniika Imalaa Kee Bira Dhaqi



Doktara bira dhaqi



Hajaja guutii



Qoricha fudhadhu

Qorichoonni buusaarraa si ittisan (qorchoonni farra buusaa jedhaman) hajaja hakiimaa qofaan argamu. Buusaa ittisuuf qoricha argachuuf imalaan dura torban 4-6 dura doktara kee bira dhaqi. Qorichoonni tokko tokkoo imalaan dura guyyaa tokkootti eegalamu waan danda'aniifu, imaltoonni daqiiqawwan dhumaatu osoo hinimaliin dura doktara isaanii bira deemu qabaatu.

Doktara kee barama bira deemu ykn yoo neetiworkii inshuraansii fayyaa kee keessa kiliniikaan imalaa jiraate doktara kee gaafachu dandeessa.

Buusaa ittisuuf qoricha tokkoon caalaatu jira. Qorichi kum caalaa siifi daa'ima keef akka ta'u doktara ykn narsii kee gaafadhu.

Oajeelfama qaruuraa qoricha keessaa hordofi:

Osoo hindeemiin dura qoricha kee eegalii, wayita achi jirtu itti fufuun, erga naannoo buusaatii baateen boodas qorichicha fudhachu ittuma fufi. Kili-inwwan hunda fudhattee xumuruu kee yaadadhu, kanaafuu erga naannoo buusaatii baateen booda hanga ji'aaf qoricha fudhachu dandeessa ta'a. Osoo waajjira doktara keetii hinbahiin qorichicha attamiin akka fudhattu hubachuu-kee mirkanneefadhu.

Qoricha keen mana qorichaa US irraa bitadhu. Qorichi biyya biraatii bittu buusaarraa si ittisuu ta'u mala.

Qorichoonni hundu dhiibbaa qabaachu malu. Mallattoonni dhiibbaan kan akka singiiggeessuu, darbee darbee ol deebiisuu, ykn garaa kaasaa si mudate ta'e, qoricha farra buusaa fudhachu itti fufu dandeessa qabda. Dhiibbaa akka-sii yoo qabaattee doktara keef bilbili. Qorichoonnii farra buusaa kan biraas ni argamu.



UNIVERSITY OF
MINNESOTA



DEPARTMENT
OF HEALTH

651-201-5414

www.health.state.mn.us

Oromo

9/2021